## IBSI WALHUBANNOO FI WALIIGALTEE MAGAALAA SEATTLE KEESSATTI GAGGEEFAME MILKIIN XUMURAME

Walgahiin qindoomina addaa taheen Sanbata dabre Gurraandhala 23, 2013 gaggeefame kun hirmaatota magaaloota Seattle fi Portland irraa dhufan akn qooda fudhachiise ture.

Walgahii addaa kana irratti  Jilli waliigaltee kana ibsuuf irratti argaman Jaallan Dr. Junadin Johar Sh. GS ABO irraa, leenjisoo Horroo QC – ABO irraa, Jamal Midhagsaa Gurmuu Qabsaawoota irraa ture.

Bakka bu'oonni kuniis Qabsoon Bilisummaa Oromoo dhiigaa fi lafee ilmaan oromoon injifannoolee gurguddoo fi hin tufatamne galmeesullee, ammayyuu mirga abbaa biyyummaa akka argachuu hin dandeenye ibsani jiru. Rakkoolee mooraa qabsoo keessatti yeroo adda addatti uumamte irraan kan'e mooraa qabsoo keessatti dadhabina uumuun isaa akka jirutti tahee, ummata keenya irrattillee akka dhiibaa uume ibsani jiru.

Haallan rakkoo ofii ilaafi ilaameen akkasumas heeraa fi seera qabnuun fixachuu dhabu irraan kan ka'e uumame kana irraa aaname mooraan qabsoo jabaatte akka diira irratti xiiyyeefattu human, dandeetii fi qabeenya isaani walitti fiddu akka qabsoo finiinsa dubbatani jiru. Kanumaan waliiniis qabsoon haqaa tun hamma bilisummaa Oromoo fi Walabummaa Oromiyaa ti jachuun jala hariiqanii ibsani jiru.

Waggaa kudha lameen dabare kana xinxallee barnoota gudda irraa fudhannee jira kan jedhan bakka bu'oonni kun amma booda haalli akkasi akka nutti hin deebine murannoon of eegganoo barbaachisu ni goona jedhani jiru. Jilli kun wal duraa duubaan dubbatan kuni rakkooleen 2001 fi 2008 keessatti uuman kan jijjirree tokkummaa qabsaawootaa haaroomsuun hammilee cimtuun deemaa akka jiran dubbatani jiru.

Kanumaan waliiniis arraarri bu'e kun fakkeenya waan tahuu fi seena qabessa jechuun, wal taane dhaabachuun keenyaa kufaatii dinna mirkanessee QBO akka mamii hin qabnu jedhani jiru. Kaayyoon keenya tokko! Innis Hiree ofii ofiin murteefachuu Ummatta Oromoo hamma mootummaa walaba taate dhaabbachuuf qabsaawuu dha jedhani jiru.

Jilli kun dhaamsa qabu erga dabarfate booda gaaffiilee hirmaatoota irra dhihaatuuf deebisaa quubsaa kennani jiru. Walgahii kuniis akkuma milkiin jalqabametti milkiin xumurame jira.

Injifatno Ummata Oromoof!
Koree Qindeesitu.